Taking children with you on your trip?

Do my children need to go to a travel clinic or pediatrician before travel?

Yeroo karaa adeemamu ijoollee qabatanii deemuun yoo barbaachise

Nawajjin karaa deemuudhaaf ijooleen koo dursanii gara kilinikaa YKN hakima ijoollee bira geesuun nibarbachisaa?

Eyyee, ijooleen namoota biraa irra caalaa tti oggaa karaa adeemanu dhukubsachuu YKN balaan quunnamuu nidanda'a.

What kind of preparation for travel do my children need?
Ijoollee kootiif karaa deemuu dhaaf qophii akkamii gochuun qaba?

Karaa adeemuun dura akkuma nama guddaa, ijoolee dhaafis dhukuboota tokko tokko irraa kan ittisu talaallii fi qoricha busaa fudhachuun nibarbaachisa. Itti dabalees namni ijoolleen karaa deeman karaa irratti kunuunsu duraan dursee dhimmoota armaan gadii barachuu qaba.

- Haala dhukuba garaa kaasaa ittiin ittisamu YKN yoo ta'ee argame haala ittiin wal'ananu barachuu.
- Bookee keesumattuu bookeen busaa akka ijoollee hincinine gochuu.
- Akkamitti akka ijoollee balaa adda addaa irraa ittisan barachuu ta'a.

What vaccines do they need?
Talaallii attamiitu barbaachisa?

Talaallii yeroo karaa deemamu ijoolleedhaaf barbaachisan akka armaan gadiitti kan ibsamaniidha.

- Qaaru gogsaa (tetanus)
- A'am danqar (diphtheria)
- Qakee (pertasia)
- "Hemophilus" (Hib)
- Michii sombaa (pneumonia)
- "Chicken pox" (varicella)
- Laamshessaa ykn Naafiisa (polio)
- Gifiraa ykn Shiiftoo (measles)
- Gooba qeerroo (mamps),
- Rubeellaa (MMR)
- Talaallii farra Dhibee Tiruu / Hepatitis B/

Talaalliiwwan kun kan idilee irratti waan kennamanuuf talaallii idilee yeroo daa'immummaa xumursiisuun yeroo deemsa akkanaatiif baayee gargaara. Akkasumas, dhukuba tokko tokko kan akka gifiraa, waan karaa irratti qabamuu danda'aniif duraan dursaanii yeroodhaan talaalamuun dirqama ta'a.

Could they get diarrhea and what should I do?
Yoo ijoolleen karaa irratti dhukuba garaa kaasaa tiin qabaman maal qochuutu narra jira?

Akkuma namni guddaan yeroo tokko tokko karaa irratti dhukubni garaa kaasaa qabu ijooleen immoo caalmaatti dhibee kanaaf saaxilamu. Yeroo baayee hoqisiisaas /haqiisaa / nidabalata. Kanaafuu, ijooleen akkuma nama guddaa nyaata tokko tokko dhiisuu qabu (barreefama garaa kaasaa ilaalaa). Yoo duraan harma hodhaa turan oggaa karaa adeemanis ittifufuu qabu. Harmi haadhaa ilbiisa dhibee fidanu (harmful bacteria) irraa ittisuu nidanda'a. Yoo aannan saawaatti /looniitti/ fayyadmu ta'e bishaan aananitti dabalamee kannamu danfisuun baayee barbaachisaadha. Ijoollee gurguddoo bishaan malee dhuganiifiis aananichi danfifamuu qaba.

Yeroo garaa kaasaan ijoollee jalqabe haala armaan gadiitti wal'anuu fi hordofuun barbaachisadha.

- Nyaata duraan nyaachaa turan ittifufuu akkasumas waan dhugamu (kan akka shaayii, lallafaa, bishaan…) akka dhugan gochuu.
- Yoo hoqisiisaa /haqiisaa/ qabaatan nyani isaani gara nyaata dhugamuutti jijjiiruun xixiqeesanii daddafanii kenuufiin barbaachisadha.
- Yoo qogiinsa dhaqnaa (dehydration) agarsiisaan albuuda hambistuu lubbuu /lubbu dhaqab/ (Oral Rehydration Salt-ORS) bishaan qulquluu tti bulbulanii obaasuu barbaachisa (Haali itti fayyadama ORS karaxiitii isaa irratti barreefamee jira).
- Yoo ijoollee waggaa 5 ol ta'an akkuma nama guddaa garaa kaasaa xiqeesuuf qoricha "bismuth subsalicylate" jedhamu fudhachuu nidanda'u ijollen xixiqqoon qoricha "loperamide" jedhamu kenuufiin hindenda'amu. Dabalataan haala gorsa hakimiitiin qorichaa "antibiotic" biraa kenuufiin nidanda'ama**.**

Do I have to worry about malaria?
Dhukubni Busaa nayaachisaa?

Eyee, busaan ijoollee keesumattuu kan duraan iddoo busaan beedee itti ta'e (endemic) dhaqanii hinbeekne yoo dhaqan midhaa guddaa akka irraan gahu nibeekama. Keesumattuu busaan cimaa ta'e sa'aatii 12 keessatti lubuu namaa (ijoollee) dabarsuu nidanda'a. Kanaafuu utuu karaa hinjalqabin dura barreefama waa'ee ittisa busaa ibsu,

qoricha akkamii fudhachuu akka barbaachisuu fi KKF ibsuu, hakima/narsii gaafatanii gorsaa wajjin argachuun barbaachisaadha.

What is the most likely bad thing to happen to my child while we travel?
Oggaa karaa adeemnu wanti hamaan ijoollee koo irra gahuu danda'u maalii?

Balaan tasa /dingataa/ waan hamaa kara irratti ijoollee quunnaman keessaa isa tokko.

Kanaafuu:

- Oggaa karaa adeemnu naannoo ofii too'achuu, saqqii teesuma konkolaataa (seat belt) fayyadamuu, ijoollee teesuma gara boodaa gidu-galeessa tesisuun bayyee barbaachisaadha.

- Yeroo baayyee ijoolleen bishaaniin waan liqimsamanuuf naanoo bishaaniitti ofeegganoo cimaa gochuu.

- Yeroo tokko tokko mana keessatti waan ijoollee miidhuu danda'an, kan akka shiboo elektriikaa, summii hantuutaa akkasumas dhukuboota horii mana keessa kan akka sa'aa, aduree, saree, fi hindaaqoo irraa namatti darbuu danda'an waan quunnamuu danda'aniif utuu ija irraa hinlibsanee sirritti ijoollee eeguun barbaachisaadha.

- Yeroo hunda bakka ijoolleen itti taphatan balaa adda addaa irraa bilisa ta'uu isaa mirkaneeffachuun barbaachisaadha**.**

Is there a medication I can use if they can't sleep during the airline flight?
Yoo ijoolleen xiyaara keessatti rafuu didan qorichi rafisu jiraa?

Qorichi aadaas ta'e kan ammayyaa jedhamee kanaaf hojetame hinjiru. Hata'u malee qorichi "Benedryl" (diphenhydraine) jedhamu kan alarjikii funyaaniitiif itti fayyadamnu hanga tokko ijoollee rafisuu nidanda'a. Ijoollee dhibba keessaa harka 3 (3%) irratti qorichi kun hinhojetu.

What about my babies or young child's ears when they fly?
Yeroo xiyaaraan deemamu gurra ijoolleerra wanti gawu jiraa?

Daa'imman dhibba keessa harki kudhashan (15%) akkasumas ijoolleen sabboon /xixiqoo/ yeroo xiyaaraan deemann gurri isaanii nidhukuba. Kun kan mul'atu keesumattuu oggaa xiyaarri gara lafaatti gad bu'aa jirudha. Yeroo xiyaarri gara lafaatti bu'uuf gadi adeemu ijoollee harma hodhan yoo ta'e harma keenuuf, ijoollee harma hinhoone (gurguddoo) yoo ta'an immoo waan dhugamu kenuufiin hanga tokko raakoo jara quunnamu kana nisalphisa.

Things to remember while you Travel (Carry with your travel documents):
Dhimoota yeroo karaa deemnu yaadachuu YKN yaadannoo keenya keessatti qabachuu qabnu.

Garaa kaasaa- ijoolleen boyilii /bobba'a/ duraan baatu irra yoo yeroo lama caalee fi yoo albaatii akka bishaani ta'e akkasumas yoo albaatichi diigaa fi garaa ciniinnaa / muraa/ YKN yoo daa'imni kun dhaqna gubaa /layida/ qabaate qoricha hakimni kenne "antibiotic" kennufiin barbaachisaadha. Yoo albaatiii qofa ta'e garuu nyaata idilee itti fufuun niga'a.

Haqisiisaa fi garaa kaasaa- yeroo akkanaa dhangala'aa albuuda lubbuu baraarsu (ORS) obaasuun murteessaadha. "ORS" faarmaasii kam keessaa iyuu argachuu nidandeenya. Dhangala'aa kana xiqoo xiqoo daddafnee FKF fallaana shaayii tokko daqiiqaa 3-5 kessatti yeroo duraatiif, akkasumas yoo sifaa'eef itti dabalaa adeemuu barbaachisa. (Haala itti fayyadama "ORS" karaxiitii isaa irraa ilaaluun nifayyada). Akkuma itti fooya'een gara nyaataa idileetti dafnee jijiiruu qabna.